ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Ebla 15 Guyyaan Yaadannoo Gootota Oromoo, Guyyaa Ulfataaf Kabajamaadhaa!
Ibsa Waajjira KYABO Irraa Kenname
Ebla 15, 2009

Goototni biyyaa fi ummata isaaniif lubbuu isaanii kennanii dabran seenaa hawaasa tokkoo keessatti bakka olaanaa fi kabajaa qabaachuun beekama dha. Mallattoo sab-boonummaa fi diddaa bittaa alagaa ta'un dhaloota amma fi isa dhufuunis ni yaadatamu. Kun ummattoota garbuummaa jalaa bahuuf qabsa'aanii bilisoomaan biratti gootota bilisummaa isaanin gahan guyyaa yaadannoo gootota moggaaffachuun yaadatama.

Ummatni Oromoos guyyaa garbummaan itti fe'amuuf itti aggamamee kaasee ummata diinota isaa duraa dhaabaachuun, ilmaan isaa qaqqaalii aarsaa kenna turanii fi ammas itti jiran heddu qaba. Kanaafis ummatni Oromoo yoo qabsoo irra jiraateillee gootota bilisummaa fiduuf qabsoo keessatti darbaanif kabajaa olaanaa qaba. Mallattoo sab-boonummaa, murannoo fi gootummaa taasifatee ittin boona. Kabajaa fi jaalala gootota isaaf qabu kanas guyyaa itti ibsatu qaba. Akkaataa kanaanis murtii walgahiin jila Qabsa'oota ABO bara 1983 Diree Bahaatti ta'e dabarseen Ebla 15 guyyaa yaadannoo Gootota Oromoo ta'ee akka kabajamu murtesee.

Ebla 15, guyyaa yaadannoo gootota Oromoo ta'ee kan moggaafames sababaa fi dhaabbicha keessatti yaadannoo adda waan qabuuf ture. Seenaan isaas Wareegama ulfaataa Ebla 15, 1980 kanneen Bu'uresitoota ABO, hoogganota fi qabsa'oota gameeyyiin sadrkaa adda-addaatti qooda kennaa turan guyyaa itti dhabamuun wareegama olaanaan itti kafalameedha.

Jaallan yeroo kana dhaabni keenyaa wareegama kanaan dhabe keessa, Jaal Bariisoo Waabee (Magarsaa Barii) Dura ta'aa ABO kan turan, Jaal Gadaa Gammadaa (Demisee Tacaanee) I/A Dura ta'aa kan turan, Jaal Abbaa Xiiqii Hinsarmuu (Abboomaa Mitikkuu) fi Jaal Doori Bariyaamoo (Yigezuu Bantii) Miseensota KG ABO kan turan, Jaal Falmataa Sabaa (Umar Ibrahim) itti Aanaa dura taa'aa Ajaja Siyaasaa fi waraanaa Godina Bahaa, Jaal Faafam Dooyyoo Miseensaa Ajaja siyaasaa fi waraanaa Godina Bahaati fi Miseensota gameeyyii biroo afur isaan waliin turan, walumaa gala Jaallan kudha (10) yeroo tokko wareegamani dha. Wareegamni kun kan qunname Jaallan kun dirqamaf gara Somaliyaatti yeroo bobba'anitti Kutaa Harargee, konyaa Harar, Ona Fiiq, Shinniggaa bakka jedhaamutti Shiftoota hambaa humna weerartuu Mootummaa Somaliyaa turan fi maqaan "Gaskaa Labaad'' gareen jedhamu naannoo sana keessa tocho'aa turan dhumaatii irraan gahaniin ture.

Aarsaa Jaallaan Bu'uresitoota ABO fi kanneen hooggana sadarkaa adda addaa irra turani fi qabso'ootni gameeyyiin kafalan kun gaaffii Gareen shitfaa kun Tokkuummaa isaanii maqaa

amantaan addaan qooduf yaalan diduun dura dhaabbachuun ‘nuti Oromoo dha’, Biyya tokko fi Eegeree tokko qabna, Kaayyoo ABOn dhaabbaateef fiixa baasuu malee fedha alagaa gonkumaa hin fudhannu jedhani Lubbuu isaani kan waan bakka buusaniin hin qabne kafaaluun Dhagaa bu’uuraa Tokkuummaa Oromoo bara baraan hin xuqamne Dhiigaa fi Lafee isaanin gad dhaabuun darbaan waan ta’eef Seenaa Qabsoo Oromoo ABOn durfamu keessatti bakka olaanaa qabaata. Xurree isaan saaqan kanas bara baraan yaadachuun, waan isaan irraa baruu qabnu barachuun, qabsoo keenyaa fiixa baasuuf akka ta’ee ifaadha.

Wareegama kana kan adda isa godhu bakka tokkotti boolla tokko keessatti tokkummaan rasaasa diinotaa kanaan dhumuu jaallan kanaa ti. Wareegamni kun wareegama hooggannota qabsoo Oromoo kanneen akka Jeneral Taaddasaa Birruu, Jaalle Elomoo Qilxuu fi Jaalle Baaroo Tumsaa, booda wareegama ulfaata dhaaba keenya ,ABO, qunname dha.

Seenaa dhaabbichaa keessatti hooggannota akkanaa bakka tokkotti yeroo tokkotti dhaabuun isaa kan jalqabaa waan turef jireenya ABO fi Hegeerii qabsoo bilisumma Oromoo dhimmaa gaaffii jala galchee ture jechuun ni danda’ama. ‘Qasaa’an ni kufaa qabsoon itti fufa’ akkuma jedhamu garuu Wareegama jaallan kana boodas qabsoon Keenya bu’aa ba’ii meeqaa qaxxaamuree sochii jaallan hafan godhaniin bayyanatee diinota keenya abbaa biyyummaa keenya nu sarban hundaa raasuu itti fuufe.

Qabsoon bilisummaa jaallan qaqqaaliin itti darbaan, garuu sababaa Hooggana cimaa dhabeef akka barbaadametti deemu dadhabuu isaatin takaalamee guyyaan hawwii bilisummaa Oromoo dheerachuu irraa darbe yeroo gara itti deemamu wallaallee **turteerraa** geenyee kan qaanii keessa gallee turee fi jirru akka ta’e ifaadha. Gareen Hooggana jedhee qabsoo kana oofuuf seenaan itti kenne qabsoo jaallan qaqqaaliin itti darbaaniif amma ammaatti qabsa’oonni hedduun itti darbaa turani fi jiran kallattii ifaa qabsisee fuula duratti tarkaanfachisurra Qabsaa’ota rakkoon Hooggana kun akka hiikamu gaafatan akka abdii kutatanii qabsicha gadi lakkisan gochuun akka dhaaba biraa dhaabbatan taasiisuun har’a namoonni ABO keessaa bahanii dhaaba kan biraa ijaarratan akka heddumaatan godheera.

Kana malees Jaallan Dhaaba isaanii keessa taa’aani rakkoo hoogganaa kun akka furamuuf kaasan illee gaaffii isaanii karaa demokiraatawaa ta’een deebii itti kennu irra hidhuu, ari’uu fi bakka butee isaanii dhabamsiisun maqaa qabsoo kanaan dabni hammana hin jedhamne raawwatamaa akka ture ifaadha.

Garuu qabsoon karaa sirrii qabattee jaallan hedduun itti darbaan kun sababaa hooggana Shanee ofiin jedhuun dandii kana fiixa baasuu dhabeen ummata keenyaaf qabsaa’ota dhaabbicha abdii kutachiisuf yaaliin godhama haa turamu malee yaalii namoonni dhuunfanis ta’ee gareen adda addaa bakka adda addaatti godhaa turanin yeroo yerootti humna booddeessaa kana dura kutannoon dhaabbachuu fi murannoon cimaa wan dhufeef amala shaneen ittiin nama maqsuuf tattaafattu hundaa dura dhaabbachuun danda’amee har’a qabsichi badiirraa akka oolu ta’ee jira.

Har’a Guyyaa Ayyaana Gootota kana yeroo kabajinu kanatti dhimmi guyya kana kan yeroo kamuu caalatti adda isaa godhu keessa inni duraa yeroo Jijjiiramni Jaallan hawwa turanif itti darban Mooraa qabsoo ABO keessatti fedhii booddeesitoota maseensee qabsicha daandii warraqsaatti deebise ta’u isaati. Baatii 7ffaa Bara 2008 guyyaa itti fedhiin fi hawwiin yeroo

dheeraa Qabsaa'oonni fi ummatni Oromoo wayyabni barbaadu akka galma gahu murtii wayyabaatin humna boobdeessaa maqsanii humna jijiiramaan qabsichi akka fuula duratti tarkaanfatu kan murteessan waan ta'eef guyyaa yaadannoo dachaan yaadatamu dha jechuun ni danda'ama. Guyyaa qabsoon Shaneen dadaaqamtee turte daandii isheetti deebitee waan ta'eef kabajaa guyyaa gootota keenya kanatti Ho'iina guddaa, kabajaa fi abdii fuula duraa qabnuu kan nuti horeedha.

Guyyaa kana irraa eegalee Qabsoon bilisummaa Oromoo dhadhaaqqi shaneen itti gatte keessaa baatee Xurree jaallan itti wareegaman fiixa baasuuf danditti deebitee waan ta'eef jaallan keenya bilisummaaf darbaan yeroo yaadannu, hawwii bilisummaaf qabnu gahuuf dandii jijjiiramni saaqe waliin wal simsifne kan yaadannu ta'u isaati.

Koreen yeroo qaama jijjiiramaa bu'uura jaallan ganama itti darban irraa dhaabbatee kaayyoo ABO fiixa baasuuf Kallatti qabsoon itti furgaatuuf Tarsiimoo lafa kaayeen baatiwwan darbaan sadeet keessa dirqama isaa bahuuf tattaaffii olaanaa godha tureera. Kallatti kaayaman keessas Qabsoon bilisummaa Oromoo ummata bal'aa abbaa qabsooo ta'ee harkatti akka galtuuf dirreen qabsoo keenyaa ummata bal'aa Oromiyaa keessatti akka gadi of dhaabduuf humna qabu hundaan carraaqaa ture, ammas itti jira. Kana fiixa baasuufis ummatni keenya akka humna ta'u gochuun hojii isaa olaanaa godhatee socho'aa jira. Ummata Oromoo humna gochuun kan danda'amu ammo ijaarsaa ummata bal'aa keessatti bakka hundatti, Keessattuu ammoo ummata Oromoo baadiyaa harka 80 ol ta'uu sana iraatti xiyyeeffachuun ijaarsaa Shaneen ajjeesse deebisaani lubbuu itti horuuf xiyyeffannaa isaa duraa godhatee hojjataa jira. Ummata Oromoo ijaaruu jechuun achuma achitti ummaticha keessaa humna Waraanaa ba'la kan hegeerii ummata Oromoof gachana ta'uu oomishuun diina irraatti olaantumma argaachuun alaa akka Shaneen lallabdutti maqaa qabsootin daldaluun akka hin danda'amne Tarsiimoo isaa keessatti lafa kaayyatee cichominaan irratti hojjacha jira.

Kallattin Koreen yeroo Jijjiiramaa akeeke keessaa inni tokko xurreen ganama jaallan humna shiftaan boolla tokko keessatti maqaa Tokkummaa, Hegerii tokkoo fi Biyya tokkoof itti wareegamanii fi osoo kallattiin diina lola itti dhumatan sana bakkaan gahuuf gamtaa qabsaa'oota Oromoo gareen Shanee facaasee deebisanii gadi dhaabuu giddu galleessa kan godhate. Dhimma ulfaataa fi guddaa kana fiixa baasuufis dhaabilee Oromoo hundaaf xalayaa seeraa barreessun akka gara tokkoomuutti tarkaanfannu gahee isa irraa eegamu bahaa jira. Firiin gama kanaan argames gammachisaa fi kayyoo qabsoo Oromoo akka fiixa baasuu abdatameera.

Galii gahuu Tarsiimoo armaan oliiti tuqamanif kanneen biroo kan milka'aa jiraanif aarsaa miseensotni keenyaa, ummatni Oromoo, deeggartoonni fi firoonni qabsoo keenya qajeelfama fi dirqamoota Koreen yeroo ABO kennu simachuudhan raawwataniin akka ta'ee ifaadha. Aarsaa miseensonni keenyaa fi ummanni Oromoo keessaa fi alaan tokkummaan baasan hiriyaa kan hin qabne ta'uu isaa irraa iyyuu dalagaa fuula duratti nu eeggatu milkeessuufis bakka butee kan hin qabne ta'uu isaa hubachiisuun faardi dha. Kun hundumtuu xiiqii fi hawwii bilisummaf miseensonnii fi ummaatni keenya qabanif kutannoo isaanii kan ifatti argisise waan ta'eef caalmaatti hooggannota koree yeroo keenyaa onnee fi xiiqiin akka hojjatan kanneen gargaraan keessa isa tokko dha.

Guyyaa har'a kana yeroo yaadannu xurreen jaallan saaqani itti wareegaman kana koolaasuuf humni booddeessan yeroo jijjiiramni kun godhamu kanatti qabsaa'oota jijjiirama kana fiixa baasuuf tocho'an hedduu baalleessuf irraatti xiyyeeffatee hojjateera, jaallan yeroo jijjirama kana keessatti lubbuun isaanii shiraa humna booddessaa kanaan darbe, kan qaama hir'atan, kan miidhan irraa gahee fi dararaman hedduudha. Guyaa har'a kana keessatti jaallan aarsaa keenuun jijjiirama kana fiixa baasuuf darban gootota qabsoo bilisummaa Oromoo dhugaa waan ta'aanif Ebla 15 guyyaa Gootota keenyaa waliin kabajaan yaadatamu.

Dhuma irraati Guyyaa kabajamaa kana yeroo yaadannu inni guddaan isaan darbaan yaadachuu duwaan hin gahuu. Kaayyoo isaan itti darbaan yaadachuun kaayyoo sana bakka yaadameen kan gahu ta'uu qaba yaadannoon keenya. Keessattuu dandii bilisummaa jaallan keenya itti darbaanii qabsoo kana asiin gahan sana daandii jijjiirama amma ABOn eegale kana keessatti humna taanee akka baanuf dalagaan bakka ganamaa fi dhimmaa ganama jaallan itti darbaan sanatti argamuun murteessadha.

Kanaafuu miseensonni, ummatni Oromoo fi firoonni qabsoo bilisummaa Oromoo guyya kana yeroo yaadannu hojiiwwan fuula keenya dura jiran hammam akka ulfaatoo ta'an hubbachuun gama hundaan qooda nurraa eegamu akka baanu Koreen Yeroo Jijjiirama ABO dhaamsaa qabu ni dabarsa. Tokkummaa ilmaan Oromoo jabeessun alaa diina irraa akka aannu hin dandeenye hubachuun bakka jirrutti, hundi keenya tokkummaa keenya jabeessuun harka wal qabannee dirqama Koreen Yeroo ABO kennu raawwachuun Oromoo qaanii keessaa baasuuf akka duullu waamicha keenya dabarsina. Kaayyoo jaallan ganama itti darban kan daandii haqaa waan ta'eef isa galiin gahuun diinoota keenya irraa akka aannu shakkiin hin jiru.

Faaruun Bara Baraa Gootota keenyaaf!

Guyyaan Yaadannoo Gootota Keenyaa Ebla 15, Bara Baraan Haa Jiraatu!!

Gadaan Gadaa Jijjiiramaa fi Injifannoo ti!
Injifannoo Ummata Oromoof!

Koree Yeroo
Adda Bilisummaa Oromoo.